KIRISTOOS FAASIKAA KEENYA

(CHRIST OUR PASSOVER)

Sagaleen Waaqayyoo **Gara 2 Ximootewos 3:16-17** keessatti, “Caaffanni qulqullaa’aan hundinuu geggeessaa hafuura Waaqayyootiin caafame; barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelchuuf, qajeelummaatis leenjisuudhaaf dhimma ni baasa. Namni Waaqayyoof waa gochuuf kan danda’e, hojii gaarii hundumaafis kan qophaa’e akka ta’u godha” jedha. Kanaafuu **caaffanni hundinuu** Waaqayyo irraa waan maddeef **qajeelummaadhaaf (karaa Waaqayyoo isa sirrii ta’eef) akka nama leenjisuuf** tajaajilu nan amana.

Kaayyoon Caaffatoota kanaa akka **nuqajeelchuudhaaf- nu qulqulleessuudhaafi.** Phaawuloos Gara Ibrootaa **12:14** kessatti “**Namoota hundumaa wajjin nagaadhaan jiraadhaa! Isa malee namni tokko illee goofticha isaa hin argu waan ta’eefis, jireenya qulqullummaaf dhama’aa!” jedhee nutti dubbata**.

Yesuus Wangeela Yohaannis 17:17 kessatti “Dubbiin kee dhugaadha, dhugichaan isaan qulqulleessi.” Jedheera. Sagaleen Waaqayyoo dhugaadha.Akkasumas Yohaannis 1:1-14, keessaa lakkoofsa 1 irratti, “Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; sagalichi Waaqayyo bira ture.” Lakkoofsa 14 irratti, “Sagalichi nama foonii ta’e; nugidduu buufate**.** (Ulfina isaa isa ayyaanaa fi dhugaadhaan guutes argine; ulfinni isaas isa ilmi tokkichi abbaa

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

isaarraa argatu ture).” Yesuus Waaqayyo mataa isaati, dhugaadhas akkasumas ilmaan namaatti mul’ateera.

Yesuus Waaqayyo kan ta’e Sagalicha. Kan dhufes **nuqulqullessuufi**. Kana jechuun **sagalee isaatiin tajaajila filatamaa, isaatiin** nuqajeelcha jechuudha.

Itti dabalees Ibroota 10:7-10 kessaati “Kanaafuu ani immoo, ‘Macaafa maramu keessatti waa’ee kootiif akkuma caafamee jiru, yaa Waaqayyo, kunoo, ani jaalala kee raawwachuudhaaf dhufeera’ nan jedhe” jedhee dubbata. Utuma isaan kun akka seerichi abboomutti dhi’aatanii iyyuu, kana gararraatti, “Ati aarsaa, kennaas, kennaa qalmaa isa gubamu, aarsaa sababii cubbuutiif dhi’aatus hin jaallanne, ittis hin gammanne” jechuu isaa argineerra. Itti dabalees immoo, “Kunoo, ani jaalala kee raawwachuudhaaf dhufeera” jedheera; kanaanis aarsaa isa lammaffaa iddoo buusuudhaaf, isa duraa iddoodhaa fuudhe. Akka jaalala Waaqayyoo sanaatti, dhagni Yesuus Kristoos yeroo hundumaaf akka ta’utti, altokkicha aarsaa ta’ee dhi’eeffamuudhaan nuyi Waaqayyoof qulqulleeffamneerra.” Jechuun nutti himameera.

Yesuus **Kakuu Moofaa keessatti nama uumamaa** jalaa **dhokatee** ture; **Kakuu Haaraa keessattimmoo guutummaan namatti ifa ba’ee mul’ateera**.

Yesuus Yohaannis 5:46-47 Keessatti “Utuu isa Museen caafetti amantan ta’ee, anattis immoo ni amantu turtan; Museen waa’ee

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

koo caafeera. Isa Museen caafee isiniif kenne erga hin amantan ta'ee, attamitti isa ani afaan kootiin isinitti dubbadhu amantu ree? Jedhe." Yohaannis 5:39 "Caaffata qulqullaa'oo keessaa jireenya bara baraa qabna jettanii waan yaaddaniif, caaffatoota in qortu; caaffatoonni sunis immoo anaaf dhugaa in ba'u." Yesuus Kakuu Moofaa kessatti mallattoo, gosaa fi gaaddisa raajitiin namatti mul'ate. Kanas waa'ee akkaataa Yesuus caaffatoota keessatti haala raajiitiing mul'ate kan kaasu mata duree kanaan hanguma itti fufnu irra caala hubanna, sana booda isuma mataasaatu raajiiwwan caaffatootaa raawwate.

Caaffattootni hundinuu kanneen **gurra dhagahu fi ija argu** qabaniif **Yesuusiin mul'isu**.

Maatewoos 5:17 irratti Yesuus "Seeraa fi barsiisa raajotaa diiguudhaaf waanan dhufe hin se'inaa, ani isaan raawwachuudhaafan dhufe malee, diiguudhaaf hin dhufne" jedhe. Akkasumas Hojii Ergamootaa 13:29 "**Waa'ee isaatiif kan caafame hundumaa erga raawwatanii**, muka fannoo irraa gad buusanii awwaala keessa kaa'an". **Yesuus seera waa'ee isaa ta'e hunda raawwateera**.

Sabni Israa'el biyya Misiraatii utuu hinba'in yeroo xiqqoo dura Waaqayyoo fannifama Yesuus mallattoo kanta'e waa'ee hoolaa faasikaa qajeelfama kennee ture. Hoolaa sana maal gochuu akka qaban Waaqayyoo Seera Ba'uu 12 kessatti itti himee ture. Sababa Yohaannis Cuuphaa Yohaannis 1:29 keessatti "Borumtaa Yohaannis utuu Yesuus gara isaa dhufuu argee, 'ilaa **hoolicha**

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay'famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

Waaqayyoo, **isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu**’” jedheen Yesuus sirna kana guutumaan guututti raawwateera.

Phaawuloos Gara Warra Qorontoos 1ffa 5:7 irratti “**Raacitii moofaa** isin keessa jiru baasaa gataa! Raacitii of keessaa hin qabdan erga ta’ee, isin bukoo haaraa in taatu; **Kristoos hoolaan faasikaa keenya aarsaa nuuf ta’eera**” jedhee nutti himeera. Raacitiin cubbuu ibsa. Kanaaf amma immoo dhaabbata faasikaa Seera Ba’uu 12:3-7 fi 46 keessatti haa ilaallu.

Lakk. 3 “Guutummaa waldaa warra Israa’elitti himaa, ji’a kanatti guyyaa **kurnaffaatti**, **namni akka mana mana isaatti xobbaallaa tokko maatii tokkoof** haa fudhatu.” Kuni ji’a keessaa guyyaa kurnaffaatti xobbaallaan tokko bushaayee kessaa akka foo’amu dubbata.

Lakk. 5 “**Xobbaallaan kun korbeessa waggaa tokkoo isa mudaa hin qabne haa ta’u**! Isa, hoolaa yookiis reettii keessaa in fudhatu.” Xobbaallaa korbeessaa fi mudaa (danqaa) kan hin qabne ta’uutu irra ture. Kanaafuu mudaa malee ta’ee argamuudhaaf **sakatta’amuutu** irra ture.

Lakk. 6 “Korbeessicha ji’a kanattii **hamma guyyaa kudha afuraffaatti keessanii**, gaafas **dimimmisa galgalaatti walga’iin waldaa Israa’el hundumti keessan** korbeeyyii keessan adduma addaan in qaltu.” Hanga gaafa guyyaa kudha afuraffaa ji’a duraa galgala waldaa guutuun walga’ee qalutti ni eeggama ture.

Caaffatni qulqulla’oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

Lakk. 7 “Yommus warri qalan **dhiiga** isaa irraa fuudhanii **michichila balbalaa lamaanuu, buusaa mataa balbalaa lamaanuu, buusaa mataa balbalaa manneen xobbaallichaa keessatti nyaataniitti haa diban!**” **Dhiigni hoolichaa bu’uura balbalaa karaa itti mana seenaan kan ta’e buusaa balbalaarratti dibama.**

Lakk. 46 “Foon isaa mana tokko keessatti in nyaatama; foon isaa irraa tokko illee fuutanii mana keessaa gad hin ba’inaa; **lafee isaas tokko illee hin cabsinaa**.”

Seera Lakkoobsaa 9:11-12 keessattis “Isaan ji’a lammaffaatti, ji’ichattii **gaafa guyyaa kudha afuraffaa** dimimmisa galgalaa haa ayyaaneffatan! Maxinoodhaa fi biqiltuu urgooftuu hadhaa’aa wajjjin Faasiikaa sana haa nyaatan! Isaan akka seerrata Faasiikaa itti ayyaaneffatanitti haa ayyaaneffatan malee, lafee hoolichaa hin cabsin, foon isaas tokko illee hamma ganamaatti hin hambisin!” **Lafee hoolichaa tokkollee cabsuun hin danda’amu ture**.

Seera aarsaa ixaanaatis ilaalchisee Seera Leewwotaa 1:1-17 keessaa lakkoofsa 3-4 keessatti akkas jedha “Kennaan isaa kun karra saawwaa keessaa qalma gubatuuf kennama yoo ta’e, **dibicha mudaa hin qabne** haa ta’u! Ana Waaqayyo duratti fudhatamaa akka inni ta’uufitti namichi balbala dunkaana itti wal ga’anii sana duratti haa dhi’eessu. **Inni harka isaa mataa horii qalma gubamuuf dhi’aate sana irra haa kaa’u! Araara isaaf buusuudhaafis fuula koo duratti fudhatamaa in ta’aaf**.”

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

Lakk. 10 “Kennaan isaa inni qalma gubamuuf dhi’aatu kun karra bushaayee keessaa hoolaa yoookiis reettii yoo ta’e, **korbeessa mudaa hin qabne** haa ta’u!” Kuni hoolichi nama sanaan kennaaf dhi’aatu mudaa akka hin qabne fi namichi sun **harkasaa mataa hoolichaarra kaa’uun cubbuu isaa gara hoolichaatti akka dabarsu nutti agarsiisa**. Yesuus kennaa kana raawwateera. Lakk. 11 “Namichi iddoo aarsaa bukkee gara harka bitaatti fuula koo duratti **haa gorra’u!** Ilmaan Aaron warri luboonni dhigicha iddoo aarsaatti naannessanii haa facaasan!” Achuumaan hoolicha qalaa.

Seera Leewwotaa 4:4 keessatti **kennaa cubbuu** ilaalchisees haaluma walfakkaatu argina “Tuntunoo sana balbala dunkaana itti wal ga’aniitti ana Waaqayyo duratti haa dhi’eessu! Harka isaa mataa tuntunichaa irra haa kaa’u, fuula koo durattis isa haa gorra’u!” Yesuus kennaa shanan Seera Lewwotaa keessa jiran hundinuu raawwateera.

Kennaan Waaqayyoof dhihaatu tokkollee mudaa hinqabaatu ture. **Innis hin fudhatu ture**.
Seera Leewwotaa 22:19-21 keessatti “akka isaa fudhatamutti saawwa keessaa, dibicha **mudaa hin qabne** hoolaa keessaa yookiis reettii keessaa korbeessa **mudaa hin qabne** haa dhi’eessu! Wanti mudaa qabu garuu **isiniif waan hin fudhatamneef**, **mudaa kan qabu** tokko illee hin dhi’eessinaa. Namni tokko wareega isaa baasuuf yookiis aarsaa jaalalaa isaatiin dhi’eessuuf saawwa keessaa, hoolaa keessaa, reettii keessaas

Caaffatni qulqulla’oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

yoummuu fidu, aarsaan isaa akka isaaf fudhatamutti mudaa kan hin qabne haa ta'u! Mudaan tokko illee irratti hin argamin!"

Duubatti deebi'uudhaan Seera Ba'uu 12:14 keessatti "'Guyyaan kun seenaadhaaf isiniif haa ta'u; isa akka guyyaa cidhaatti Waaqayyoof in ayyaanessitu! Dhalootaa dhaloota keessaniittis akka seera bara baraatti in ayyaanessitu' jedhe." Faasiikaan sun dhaloota isaanii hunda keessatti akka cidha Waaqayyootti yaadatamuutu irra ture.

Guyyaa cidhaa sanatti aansuudhaan guyyaa torbaaf maxinoo raacitii hin qabne nyaatu ture. **Raacitiin cubbuu waan mallatteessuuf** maxinoo raacitii qabu fudhachuun **dhorkaa** ture **yookiin Israa'el irraa citu**. Raacitiin akka mana keessa jiru **dungoo yookiin ibsaadhaan** ni sakatta'u ture; kunis **sagalee Waaqayyoo** agarsiisa jedheetan amana. Macaafa Faarfannaa 119:105 keessatti "**Dubbiin kee miilla kootiif ibsaa dha**, daandii koo irrattis **in ifa**" jedha. Akkasumas Macaafa Sefaaniyaa Raajichaa 1:12 keessatti "Guyyaa sanatti ani **Yerusaalemiin fonqolchee ibsaadhaan nan ilaala,** namoota ishee warra akka daadhii waynii isa siicoo irratti hafee ta'an, warra of irraa bu'anii, 'Waaqayyo wanta gaarii yookiis hamaa hin hojjetu' jedhanii yaadan nan adaba." jedha.

Yerusaalem kun raajii **Yerusaalem kan dhuftuuti**, **misirroo Kristoos** kan agarsiisu. Mul'ata Yohaannis 21:2 "**Yerusaalem mandarri qulqullittiin isheen haaraan**, Waaqayyo biraa bantii

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay'famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

waaqaa keessaa, akka **misirroo** dhirsa isheetiif kuulamteetti, qophooftee utuu gad buutuu nan arge.” jedha.

Dursee kan uumamaati, itti aansee kan afuuraati. Seera Bu’aa 12:15-20 keessatti kanuma argina. Akkasumas. Lakk.16 irratti “Isin **guyyaa duraatti** ammas immoo guyyaa torbaffaatti wal waamtanii **walga’ii qulqullaa’aa** in godhattu; guyyoota sanatti hojiin tokko illee hin hojjetamu, wanta namni mata mataatti nyaatu garuu in hojjetattu.” Jedha. Guyyaan tokkoffaa fi guyyaa torbaffaan **walga’ii qulqullaa’aa** jedhamee waamama. Kunniin Sanbata torbanii malee **Sanbata addaa yookiin dabalataati**, Sanbattan addaa yookiin dabalataa kunniin immoo Kan dhufan yeroo ayyaana sadanii qofaa dha.

Seera Leewwotaa 23 keessattis dabalata argina, lakk. 7-8 “Guyyaa isa duraatti walga’ii qulqullaa’aa godhadhaa! Gaafas **hojii nama dadhabsiisu hin hojjetinaa!** Isin guyyaa torba aarsaa gubamu Waaqayyoof dhi’eessaa! Guyyaan torbaffaan guyyaa walga’ii qulqullaa’aa ti; gaafas **hojii nama dadhabsiisu tokko illee hin hojjetinaa!**’ jedhe.” Ayyaanootni sadan Faasiikaa, Ayyaana guyyaa shantammaffaa fi Godoo **uumamumaan saba Israa’eliin** ni kabajamu ture, akkasumas har’as Waaqayyo waldaan isaa **afuuraan** akka ayyaanota kanneen kabajuu keessatti hirmaattu ni barbaada.

Waaqayyo dursa sirna uumamaa, itti aansuudhaan kan afuuraa Abraamiin hundeesse jedheetan amana. Seera Uumamaa 13:16 keessatti “Ani sanyii kee akka **biyyoo lafaa** nan godha; namni

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

biyyoo lafaa lakkaa'uu yoo danda'e, sanyiin kees akkasuma lakkaa'amuu in danda'a." Gooftaan Abraamiin sanyiin isaa akka **biyyoo lafaa (firii lafaa)** ta'u itti hime. Seera Uumamaa 15:5 keessattis itti dabalee Abiraamiin akkas jedhe: "Abraamiin alatti gadi baasees, 'Gara bantiiwwan waaqaa ol ilaali, **urjootas** yoo lakka'uu dandeesse lakkaa'i!' jedheen; kana booddee immoo, 'Sanyiin kees akkasuma in ta'a!' jedheen." Sanyiin Abraam akka **urjoota waaqaa (sanyii waaqa irraa yookiin afuuraa)** baay'atu.

Phaawuloos Gara Warra 1 Qorontos 15:44-49 keessatti waa'ee hafuura walfakkaatuu dubbata "Dhagna fooniitu awwaalama, dhagna hafuuraatu kaafama; dhagni foonii erga jiraatee, dhagni hafuuraas immoo jira. Caaffanni qulqullaa'aan, 'Addaam inni duraa foon lubbuu qabu ta'e; Addaam inni lammaffaan immoo hafuura jireenya kennu ta'e' jedha. Dhagna fooniitu dura bu'e malee, dhagna hafuuraa miti; kana booddee dhagna hafuuraatu argame. Namichi inni duraa biyyoo irraa waan uumameef, nama biyya lafaa ti; namichi inni lammaffaan immoo nama waaqa irraa ti. Warri biyya lafaa akka namicha biyya lafaa Sanaa ti; warri biyya waaqaa akka namicha waaqa irraa sanaa ti. Bifa namicha isa biyya lafaa akka fudhanne akkasuma immoo bifa namicha isa waaqa irraa fudhachuuf jirra." Hafuurri kun Addaami fi Yesuus akka fakkeenyaatti fudhachuudhaan dursa kan uumamaa, itti aansuudhaan immoo kan hafuuraa akka ta'e ibsa. **Addaam inni duraa kan uumamaati, namootni hunduu kan irraa maddan kan biyya lafaati**, **Yesuus immoo kan waaqa irraa ti**,

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay'famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

namootni irra deebii dhalatan, sanyiin hafuuraa kan irraa maddan Addaam hafuuraati.

Akka Hojii Ergamootaa 7:38 irra jirutti Macaafni Qulqulluun “Ergamaa Waaqayyoo isa gaara Siinaa irratti isatti dubbate sanaaf, abboota keenya warra lafa duwwaatti walitti qabaman gidduu kan dhaabate, isuma kana; isumatus dubbii jiraataa nutti kennuudhaaf fudhate” jedha. Akkuma **Israa’el uumamaa Hoolaa faasikaa uumamaa kessatti hirmaachuudhaan Waldaa Kiristaanaa lafa duwwaa ta’etti, Hoolaa faasiikaa hafuuraa fudhachuurraattis warreen hirmaatanis** akkasuma. Akkuma Gara Warra 1 Qorontos 5:7 irratti ibsametti Yesuus hoolaa faasiikaa keenyaa waan ta’eef **Waldaa Kiristaanotaa Waaqa jiraataa** ta’a. Isaanis lafa duwwaa keessa turu. Kunis Mul’ata Yohaannis 12:6 irratti agarsiifameera, “Dubartiin immoo lafa onaatti in baqatte; achitti iddoo Waaqayyo akka isheen guyyaa kuma tokkoof dhibba lamaa fi jaatamaaf, waan ittiin jiraattu argattuuf qopheesseef, qabdi turte.”

Wanti **hoolaa faasiikaa uumamaa irra** gahe hundinuu akkuma caaffattoota kanaan gadii kessatti arginutti **hoolaa faasiikaa hafuuraa, Yesuus**, irra gahuu qaba.

Hoolaan faasikaa guyyaa kurnaffaa irratti filatama ture. Yesuus, akka caaffattoonni agarsiisanitti faasikaa guyyaa afur dursee gara Yerusaalemitti dhufe. Kana Wangeela Maatewos 21:1 (guyyaa 1ffaa) irratti argina “Isaan Yerusaalemitti dhi’aatanii, gara gaara ejersaa, Betfaagee yommuu ga’an, Yesuus bartoota lama ergee,”

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

Maatewoos 21:18 (guyyaa 2ffaa) “Yesuus ganama barii gara mandarichaatti utuu deebi’uu in beela’e.” Maatewos 26:2 (guyyaa 3ffaa fi 4ffaa) “Guyyaa lama booddee ayyaanni Faasikaa akka dhufu isin in beektu, ilmi namaa immmoo fannifamuudhaaf dabarfamee kennamuuf jira jedhe.”

Hoolichi hanga gaafa faasikaatti guyyaa 14ffaatti ni eegama, sanaan booddee **mudaa akka hinqabne beekuudhaaf** erga **sakatta’amee** booda ni gorra’ama. Yesuus hoolaa mudaa hin qabneedha. Gara Ibrootaa 9:14 irratti “dhiigni Kristoos isa hafuura bara baraatiin, aarsaa mudaa hin qabne godhee ofii isaa Waaqayyoof dhi’eesse immoo, isin hojii isa du’atti geessu dhiiftanii, Waaqayyo isa jiraataadhaaf hojjettoota akka taataniif, hammam guddaa caalchisee yaada garaa keessanii haa qulleessu ree?”

Yesuus Philaaxosiin qoramee mudaa malee argame. Wangeela Luqaas 23:13-14 “Philaaxos luboota warra hangafoota, warra biyya seerratan, jaras walitti waame. Isaaniin, ‘Namni kun namoota karaa irraa kaachise jettanii, qabdanii gara kootti fiddan; **kunoo, isinuma durattan isa qoree, waan ittiin isa hammeessitan keessaa yakka tokko illee namicha kana irraa hin arganne**.”

Yesuus guyyaa torban Gooftaatiif gaafa guyyaa kurnaffaa adda akka ba’ee guyyaa kudha afuraffaatti fannifame nan amana. Chaartii ilaalaa. Akkaataa lakkoofsa hidda dhaloota isaatti guyyaaleen arfan Gooftaa waggoota 4,000, yeroo cubbuu

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

Addaamii kaasee hanga fannifama Yesuusitti immoo waggootni 4,000 darbaniiru.

Namootni harka isaanii Yesuus irra kaa'uudhaan cubbuu namoota hundaa isatti dabarsani. Maatewos 26:50 "Yesuus immoo, 'Namicha ko, maaliif as dhufte?' jedheen; yammus jarri itti adeemanii, hiixatanii, Yesuusiin qaban."

Maatewos 27:24-26 "Philaaxos immoo caalaatti waca kaasuu malee homaa akka waa'ee hin baafne yommuu arge, bishaan fudhatee, 'Ani dhiiga nama kanaa irratti yakka hin qabu, isin beekkadhaa!' jedhe. Kana irratti namoonni hundinuu, 'Dhiigni isaa nu irraa, ijoollee keenya irraas haa barbaadamu!' jedhanii deebisaniif. Philaaxos ergasii Barabbaa gad isaaniif dhiisee, Yesuusiin immoo reebsisee akka fannifamuuf dabarsee kenne."
Akkasumas akka Seeraatti Yesuus **ala 40** caalaa rukuttaan irra ga'uun dhorkaa ture. Kana Seera Keessa Deebii 25:1-3tti arguu ni dandeenya, "namoonni wal dhabanii gara yaa'ii yoo dhufan, abboonni firdiis isa balleessaa hin qabneen, 'Balleessaa hin qabdu, isa balleessaa qabuun balleessaa qabda' jedhanii firdii ifaa kennan! Inni balleesse sun dhaanamuun in ta'aaf yoo ta'e, abboonni firdii lafa akka isa ciibsan godhanii akka ballessaa isaatti isa haa reebsisan! Lakkoofsi reebamuu isaatii immoo akka balleessaa isaatiitti haa ta'u! Inni balleesse sun hamma afurtamaatti rukutamuu in danda'a; obboleessi kee ija kee duratti akka hin salphannetti afurtama caalaa hin rukutamin!"

Isaayaas 50:6 keessatti "ani dugda koo warra na rukutanitti, maddii koos warra areeda koo ana irraa buqqisanitti, nan qabe;

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay'famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

fuula koo warra anatti tufanii fi warra anatti ga’isan jalaa hin dhoksine” jedha. Isaayaas 52:14 “Haa ta’u iyyuu malee, akkuma namoonni yeroo isa argan na’anii dinqisiifatan, akkasuma danaan garbicha kootii waan badeef, bifni isaas kan ilmaan namootaa fakkaachuu waan dideef” Fuulli Yesuus buqqisa areedaa, kaballaa fi cimina dhiphinaarraan kan ka’e (geeddaramee) gara badeetu ture.

Yesuusiin sibiilaan mukatti fannisuudhaafi muka isa baachuuf tolfameerratti **Nama hundatu hirmaate**. Yohaannis 10:7 “Yesuus ammas ‘Dhuguma, dhuguman isinitti hima, ana balballi hoolaa!’” Kuni Yesuus akka balbala ta’e nutti agarsiisa; **balbalichi immoo mukarratti ol fannifameera**.

Aadaa Yihuudotaa kessatti guyyaan tokko ganama sa’aa 12 jalqaba. Yesuus **sa’aa saddaffaa** irratti fannifame – kunis ganama sa’aa 3tti.

Maarqos 15:25 “Yeroon isa fannisanis bari’ee **saa’atii sadiitti** ture.” Maarqos 15:33 “**Sa’atii ja’aa jalqabee** hamma **saa’atii sagaliitti** dukkanni lafa hundumaa irra ture.”

Hoolaan Faasikaa **walga’ii hundaan dimimmisa galgalaa** gora’ama. Yesuus sa’atii saglaffaarratti du’e – kunis **sa’atii 9** irratti. Maarqos 15:34 “**Sa’atii sagalittis** Yesuus sagalee duudaadhaan, ‘Elo’ii, Elo’ii lamaa sabaktanii?’ jedhee waammate; kunis, “Waaqayyo ko, Waaqayyo ko maaliif na dhiifte?” jechuutti hiikama.”

Caaffatni qulqulla’oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

Yohaannis 19:31-33 lafeen isaa tokkollee hin cabne, lakk. 31 “Guyyaan sun guyyaa itti qophaa’an; guyyaan Sanbataa isatti aanus guyyaa guddaa ture. Kanaaf dhagna warra fannifamanii, guyyaa Sanbataatti fannoo irra akka hin oolle gochuudhaaf, lafeen miillan isaanii cabsamanii fannoo irraa akka gadi buufamaniif, warri Yihuudotaa Philaaxosiin gaafatan.” Lakk. 32-33 “Akkasitti warri loltuun dhufanii, miilla namicha isa duraa kan isa isaa wajjin fannifamees in cabsan. Gara Yesuus dhufanii, kanaan dura du’uu isaa yommuu argan garuu **miilla isaa hin cabsine.”**

Yesuus akkuma Yoonaas garaa qurxummii guddichaa keessa **guyyaa sadii fi halkan sadii** ture sanatti Yesuusis garaa lafaa keessa turtii walfakkaataa akka godhu dubbachuudhaan Yoonaas akka mallattoo du’a, awwaalamaa fi du’aa ka’uu isaatti itti gargaarrameera. Maatewos 12:40 “Akkuma Yoonaas garaa qurxummii guddichaa keessa **guyyaa sadii fi halkan sadii** ture, **ilmi namaas akkasuma guyyaa sadii fi halkan sadii garaa lafaa keessa turuuf jira**.”

Waldaaleen Kristaanaa baay’een Yesuus Sanbataan (Saturday) booddee gaafa guyyaa jalqaba torbanii (Dilbata) waan du’aa ka’eef kan fannifame gaafa ayyana fannoo (Good Friday) ti jedhanii amanu. Ayyanni Sanbataa (Sabbath) waan dhihaateef Yesuus fannoorraa akka bu’uun irra ture caaffattootni waan agarsiisaniif namoonni guyyaa sanbataa guyyaa Ayyaanaa Sanbata (Sabbath) torbanii ti jedhanii waan amananiif Yesuus kan fannifame Jimaata jedhanii amanu. Kitaaba qulqulluu keessaati kan ibsameen adda

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

guyyaan kabaja Sanbataa (Sabbath) kan biraa akka jiru mul'ata hin qaban. Maarqos 15:42 keessatti "Borumtaas Sanbata waan ta'eef namoonni guyyaa snatti in qophaa'u turan; yeroon isaa immoo gara galgalaa ture." Garuu akkamiin Yesuus raajii raawwachuuf jecha guyyaa 3 guutuuf halkaan 3 guutuu awwaala keessa ture, Jimaata galgalaa hanga Sanbata galgalaatti? Kuni tasumallee hin danda'mu.

Seera Lewwootaa 23:5-7 keessatti "**Faasikaan Gooftaa ji'a isa duraa**, ji'ichattiis gaafa guyyaa **kudha afuraffaa** dimimmisa galgalaa jalqaba. Ji'a kanattii **guyyaan kudha shanaffaan** immoo guyyaa ayyaana Maxinoo isa Kan Waaqayyoo ti; yommus guyya torba maxinoo nyaadhaa! **Guyyaa isa duraatti walga'ii qulqullaa'aa** godhadhaa! **Gaafas hojii nma hin dadhabsiisu hin hojjetinaa**!" Faasiikaan guyyaa kudha afuraffaarra oola. Guyyaa Faasiikaa booda **walga'ii qulqullaa'aatu** jira (Sanbata addaa) kunis guyyaa 15ffaa irra oola.

Bifa raajiitiin waa'ee Yesuus yoo dubbatu Daani'eel 9:27 keessatti "Inni [Yesuus] utuu jiruu waggaa torbaaf namoota ciccimoo wajjin kakuu isaa in jabeessa; waggoota sana erga walakkeessee immoo qalmi, kennaan midhaaniis akka hafu in godha; wanti jibbisiisaan nama tokko irra kaa'amuuf jira; kunis hamma badiisi murtoo ta'e isa diigamuu fidu sana irratti dhangalaafamuutti in tura jedhe." jedha. Kuni akka nutti agarsiisutti **torban gidduutti** akka addaan cituu dha. Gidduun torbanii kan oolu guyyaa kamirra ta'a laata akkasumas guyyaa sadii fi halkan sadii wajjiin waliin deemaa laata?

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay'famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

Torban tokko guyyaa torba qaba. Guyyaan jalqaba torbanii Dilbata, guyyaan dhuma torbanii immoo Sanbata (Sabbath). Dilbata akka guyyaa tokkoffaatti yoo lakkoofne, Dafinoo akka guyyaa lammataa, Kibxata(Facaasaa) akka guyyaa sadaffaa, Roobiin dura guyyaa sadii arganna. Roobiin gidduu torbanii ta'uu kan danda'u Roobiin booda guyyaaleen sadii yoo jiraatani. Dhugumaa jiru: Kamisa, Jimaata fi Sanbata.

KIRISTOOS FAASIKAA KEENYA

Guyyaa 1ffaa torbanii	Guyyaa 2ffaa torbanii	Guyyaa 3ffaa torbanii	Guyyaa 4ffaa torbanii	Guyyaa 5ffaa torbanii	Guyyaa 6ffaa torbanii	Guyyaa 7ffaa torbanii	Guyyaa 1ffaa torbanii	
	Dilbata	Wixata	Kibxata	Roobii	Kamisa	Jimaata	Sanbata	Dilbata
◄Guyyaa 3 ····►			Gidduu Torbanii	◄Guyyaa 3 ····►				
			Guyyaa 14ffaa	Guyyaa 15ffaa Guyyaa			Guyyaa jalqaba torbaniitti,	

Caaffatni qulqulla'oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay'famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

			Faasiikaa	Sanbataa Addaa (Special Sabbath) Ayyaana Maxinoo Raacitii hinqabnee		Sanbata torbanii (Weekly Sabbath)	[gaafa Sanbata guddaa] utuu dukkanaa'uutti jiruu obboroodhaan, Maariyaam isheen Magdalaa gara awallichaa dhufte (Yohaannis 20:1)	
			Yesuus du'e Sa'aa 9	Saa'atii 12 ganama Guyyaa 1ffaa	Saa'atii 12 ganama Guyyaa 2ffaa	Saa'atii 12 ganama Guyyaa 3ffaa Saa'ati		

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay'amuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

			Saa’atii 12 Halkan 1ffaa	Saa’atii 12 Halkan 2ffaa	Saa’atii 12 Halkan 3ffaa	i 12 galgalaan boodde e Yesuus du’aa ka’e		

Gabatee - Kristoos Faasiikaa Keenya
Qopheessaan Jim Walker – Kaayyoo gurgurtaaf kan hintaane
Coyright © 2002 JIM & DEBRA WALKER MINISTRIES INC

Gabateen kun **Roobiin**, **guyyaa gidduu torban Yihudootaa** ta’uu isaa ifaan ifatti agarsiisa.

Guyyaan 3 fi halkan 3 haaluma kanaan walta’aniiru? **Eeyyee**.

Guyyaan Yihuudotaa dheerina yeroo saa’atii 12 lama of keessaa qaba. Galgala saa’atii kudha lamaan kan jalqabu halkan dheerina yeroo saa’atii 12 qabu fi ganama saa’atii kudha lamaan kan jalqabu guyyaa dheerina yeroo saa’atii 12 ofkessaa qabu yoo ta’u dheerina yeroo halkan tokkoo fi guyyaa tokko jedhu guuta.

Guyyaan Faasikaa akka kalaandara Awurooppaatti Kibxata galgala saa’atii kudha lamaan kan jalqabu yoo ta’u guyyaa 14ffaa ji’aarra oola. Roobii galgala yommuu guyyaa 15ffaa n itti jalqabu sa’atii 12

Caaffatni qulqulla’oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

irratti xumurame; kunis **guyyaa Ayyaana Maxinoo Raacitii hin qabne tokkoffaa** ta’a, kunis **guyyaa walga’ii qulqullaa’aa ta’a**.

Yesuus saa’atii sagal irratti waan du’eef walga’iin qulqullaa’aan utuu hin jalqabin awwaalamuutu irra ture, kunis gaafa guyyaa ayyaana Sanbataa addaa (special Sabbath) fi turtii awwaala keessaa isaatiif guyyaa tokkoffaa ture.

Kanaafuu Roobii galgala saa’atii 12 hanga Kamisa ganama saa’atii 12tti, **halkan tokko ta’a**.
Kamisa ganama saa’atii 12 hanga Kamisa galgala saa’atii 12tti **guyyaa tokko ta’a**

Kamisa galgala saa’atii 12 hanga Jimaata ganama saa’atii 12tti **halkan lammaffaa ta’a**.
Jimaata ganama saa’atii 12 hanga Jimaata galgala saa’atii 12ttii **guyyaa lammaffaa ta’a.**

Jimaata galgala saa’atii 12 hanga Sanbata ganama saa’atii 12tti **halkan sadaffaa ta’a**.
Sanbata ganama saa’atii 12 hanga Sanbata galgala saa’atii 12tti **guyyaa sadaffaa fi guyyaa dhumatu xumurama**.

Sanabata galgala saa’atii kudha lamatti guyyaan sadii fi halkan sadii akkasiin xumurama. Guyyaan jalqabaa torbanii, Dilbatni, ganama saa’atii 12tti jalqaba waan ta’eef Yesuus du’aa ka’uu danda’eera; haala akkasiitiin utuu biiftuun hin ba’in Maariyaam gara awwaala isaa deemtee Yesuus dursee waan ka’eef dhabuu

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

dandeesse. Yohaannis 20:1 “**Guyyaa jalqaba torbaniitti**, [gaafa Sanbata guddaa] **utuu dukkanaa’uutti jiruu** obboroodhaan, Maariyaam isheen Magdalaa gara awaalichaa dhufte.”

Isaayaas waa’ee Yesuus raajiidhaan yommuu dubbatu akkas jedha, Isaayaas 53:1-12 “Isa nuyi dhageenyee himne eenyutu amane? Irreen Waaqayyoos eenyutti mul’ate? Inni akka biqiltuu mukaatti goofticha duratti ol in ba’a, akka hidda mukaa isa lafa gogaa keessaa ba’uus in ta’a; simboodhaa fi surraa waan hin qabneef, nuyi isa ilaaluu hin jaallanne; miidhagummaa waan hin qabneefis nu hin mararre; namoonni isa tuffatanii isa irraa in goran, inni nama dhiphinnii fi muddamni itti baay’ate ture; inni akka nama tuffatanii achii ilaalanii bira darbanii in ta’e; nuyis homaatti iyyuu isa hin lakkoofne. Inni garuu dhugumaan dhiphina keenya of irra in kaa’e, muddama keenyas in baate; nuyi garuu akka waan Waaqayyo dha’icha isatti fidee, akka waan inni isa rukutee gad isa deebiseettis in lakkoofne. Inni garuu balleessaa keenyaaf in waraaname, sababii yakka keenyaafis reebamee in caccabsame; nuyi nagaa akka argannuuf inni in adabame, madaa’uu isaatiinis fayyinni nuuf argame, nuyi hundumti keenya akka hoolotaa karaa irraa badnee turre, adduma addaanis kara-karaa in gorre; Waaqayyo garuu yakka hundumaa keenya isa irra in kaa’e. Isa in cunqursan, in dhiphisanis, inni garuu waan tokko iyyuu hin dubbanne; akkuma ilmoo hoolaa ishee qalamuudhaaf geeffamtuutti in oofame, akkuma hoolaan yommuu rifeensa irraa muran cal jettuus inni calluma jedhe malee, afaan isaa hin saaqqanne. Cunqursaadhaan itti faradamee in ajjeefame; hidda dhaloota isaatii eenyutu hima ree? Biyya warra jiraataa keessaa in

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

balleeffame, balleessaa saba kootiitiin hamma du'aatti in adabame; inni jal'ina tokko illee hin hojjenne, gowwoomsaanis afaan isaa keessaa hin bane; awwaalli isaas warra jal'ootaa gidduutti yaadamee ture, inni garuu warra sooressoota gidduutti in awwaalame. Waaqayyo, 'Isa ani dhiphise sana caccabsuun jaalala koo in ta'e; inni lubbuu isaa aarsaa sababii yakkaatiif dhi'aatu godhee yoo dhi'eesse, sanyii isaa arguuf jira; jabanni isaas in dheerataaf; jaalalli koos karaa isaa in raawwatama; dhiphina cimaa dhiphatee erga du'ee booddee deebi'ee jiraataa ta'ee garaa in ciibsata; garbichi koo inni qajeelaan beekumsa isaatiin namoota baay'eedhaaf in farada, yakka isaaniis isaaniif in baata; inni cubbuu namoootaa baay'ee baatee, waa'ee cuubbuu isaaniitiifis isaaniif in kadhate; lubbuu isaa du'atti dabarsee kenne, warra balleessaa qabanii wajjinis waan lakkaa'ameef, ani qooda isaa warra gurguddootaa wajjiin nan godhaaf, warra jajjaboo wajjinis boojuu in hirmaata' jedhe."

Yesuus cubbuu fi dhukkuba keenya hunda fuudhee of -irra kaa'e. Waaqayyos saa'atii sadiif (saa'atii 6 hanga sagalitti) eenyumtuu akka Yesuusiin hin ilaalle aduu kan dukkaneesse kanaafi jedheen amana. Yesuus nuuf jecha dhiphate! Yesuus Kristoos kan du'e Yihuudota qofa utuu hin ta'in **hundinuu** akka jireenya bara baraa argatan waan ta'eef Yesuusiin kan fannisan Yihuudota qofa utuu hin ta'in ilmaan namaa **hunda**.

Yohaannis 3:16 "**Waaqayyo, akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan**

Caaffatni qulqulla'oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay'famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

amanu hundinuu jereenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti!” Ameen.

Jim Walkarii tiin
Kan Afaan Oromotti hiike Zaman Indaalee
(Australia)
(Tajaajila Sagalee Dhugaa-Finfinnee Itoophiyaa)

Caaffatni qulqulla’oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com